WAAQEFFANNAA OROMOO ADDUNYAA

WAKEFFANNA OROMO ASSEMBLY

Ibsa gaazexaawwaniif

Waxabajjii 05.06.2017

Dhimmi: vidiyoo balaaleffannaa Irreecha fi Waaqeffannaa kan «Prophet Suraphel Demissie» tin gama youtube fi «Presence Tv Channel» gaafa caamsaa 30,2017 faca'e laallata

Waaqeffannaan Oromoo Addunyaa vidiyoo namni Prophet Suraphel Demissie jedhamu gaafa caamsaa 30.05.2017 gama Youtube, Facebook, Tv isaa presence TV channel (Amazing Deliverance) jedhamuun fi marsareetii isaatin facaase yoo arginu hedduu gaddine. Vidiyoo kanarratti qaanii tokko malee Irreecha fi waaqeffannaa xiqqeessuudhaan dubbatame (https://www.youtube.com/watch?v=rX1p6rOY_7c) .

Irreechi aadaa fi duudhaa Oromoo, Oromoota daangaa amantii kamuu qaxxaamuruurn akka biyyatti walitti fidee biyya alaalatittis ta'ee biyya keessatti keessattuu Hora Arsadee, Bishooftutti kabajamaa jira. Keessattuu bara as aanaa kana akka guyyaa biyyoolessaatti fudhatamaa dhufeera. Achittis ilmaan keenya, obbolaan keenya bara 2016 gumaata lubbuu ofii kaffaluu niyaadanna. Irreechi kan amantii tokkoo qofa osoo hintaane Oromoo hundaafuu calaqqee eenyummaa isaati.

Waaqeffannaanis amantii Oromoo ganamaa yoo ta'u sabni Oromoos ta'ee saboonni biraa Waaqa Gurraachatti bara dheeradhaaf amanaa kan jirani. Waaqeffannaan bishaanitti, gaaratti, meeshatti, lagatti hinamanu.

Haata'u malee namni Prophet Suraphel Demissie jedhamu guyyaa 30.05.2017 haala nama qaanessuun irreecha fi waaqeffannaan akka waan bishaanitti bulanii, xiqqeessudhaan, salphisuudhan arrabsee youtube, Facebook fi tamsaasa TV isaa akkasumas marsaretii isaatirraan dabarsee jira. Facebook kanas namni 37 000 akka hordofufi namni hammasii jaalatu mul'ata.

Aadaa saba guddaa Afrikaa, aadaa fi duudhaa akkasumas amantii Oromoo arrabsuun salphisuufi xiqqeessun kan bara dheeraf itti turan ta'us bara dammaqiisi fi guddinni jiru kana keessatti akkanatti saba Oromoo xiqqeessun fudhatama hinqabu. Hedduus nama guba.

Ummanni Oromoo rakkina dhalatu karaa nagaatin furachuudhaf aadaa bara dheera qaba.

Kanarraa kan ka'e Waaqeffannaan Oromoo Addunyaa Prophet Suraphel Demissie akka inni saba Oromoo dhiifama gaafatu, vidiyoo arrabsoo kanas tamsaasa mararraa haqu gaafanna.

Kuni yoo kabajamuu baate ummanni Oromoo nagaa jaalatu waan ofii immoo kan rooroo ofirraa dhoowwachuu danda'u ta'uu ibsuudhan waan san booda walitti deebinu ta'a.

Waqeffannaa Oromoo Addunyaa

Garagalcha:

Address: Lokketodalen 33, 5136 Bergen - Norway Organization no. 993 543 225
Email: waqeffanna@gmail.com
Website: http://www.waaqeffannaa.com/ Facebook: https://www.facebook.com/waaqomsaa

Waajjiraa Pirezidaantii Federaala, demokiratawaa republikii Tophiyaa: Kabajamaa obbo Mulatuu Tashoomaa

Waajjira Muumicha Ministeeraa, kabajamaa obbo Haile Mariam Dessalegn

Waajjira Caffee Oromiyaa – Kabajamaa obboo Lammaa Magarsaa

Address: Lokketodalen 33, 5136 Bergen - Norway Organization no. 993 543 225
Email: waqeffanna@gmail.com
Website: http://www.waaqeffannaa.com/ Facebook: https://www.facebook.com/waaqomsaa